DHAAMSA AABBOO KEENNAA EESSAAN GEENNE?

Namni du'aaf dhalataa
Eentu kana wakkataa
Soba miti dhugaadha
Eentu kanaan mormataa
Namuu du'aaf dhalata

Tokko_tokko dhalatee
Usuu womaa hin fayyadin
Tokko tookko uumamee
Usuu womaa hin darbin
Dabra adunyaa irraa
Usuu womaa hin falakin

Gootichi Abban Huseen
General Waaqoo Guutuu
Abbaan saba Baldha'aa
Dhalatan guyyaa guutuu

Namni womaan dhalataa
Ufitti beekuu dhabee
Tasuma dhadhaabataa
Akka waan ufii dabee

Jagnichi abban Huseen
Nama mu'lataa guddaa
Falmataa gosa hundaa
Haallaan nama muddaa

Hin fedhan cunqurfamuu
Alagaan daddarbamuu
Qabeenna isaanillee
Hin fedhan akka saamauu
Hin fudhanne takkallee
Cunqursaaf ajajamuu

Kanaaf falmataa turan
Ijoollummaa saanii irraa

Jedhanii dhaamatanii
Yoo Rabbiin nu milkeessee
Ni deebina uf irraa

Ni deebinaa gaaf sanii
Dhugamaan deebi'anii
Jen. Da'ud irraa
Hidhannoo guuttatanii
Bishaan akka hin ta'in
Rasaasni qawwee isaanii
Bulanii usuun ooliin
Diina agarsiisanii

Itti fuufan falmii biyyaa
Beettu Waaqoon haxxiyyaa
Gurmeessa lammi hundaa
Ajjuranaa fi Gurraa
Marrihaanaa- Karallee
Diigoodii fi garrii
Rakkoon isaanii tokkoo
Kaayoon isaanii moggoo
Wal fakkaatanii jarrii

Barreessan seenaa Waaqoo
Beektonni biyyaa hundaa
Biritish-Amerikaa
Xaaliyaanii fi Toophiaa
Somaaliyaa fi Keenyaa

"Fincila qottuu Baalee"
Kan jedhanis ni jiruu
Dubbiinn fincila qofaa miti
Diddaa gabrummaa falmii
Bilisummaa dha hawwiin

Gootichi Waaqoo Guutuu
Hawwii mul'dhal'ta saanii

Usuu arguuf yaadanii
Kunoo karatti haanii
Dhaamsa fedhii isanii
Garuu nuttii dhiisanii

Waan nuun jedhan yaadattu?
Matatti qalbifattu
Ta dhiheenna baranaa
Bara kum lamaa fi jaha
Akkana nuun jedhanii

“Gaara walii bal’dha’ dhaa
Malallee wal gaafadhaa
Mana tokko kabatanii
Citaa wal hin saaminaa.”
Jedhanii nuuf dhaamanii
Guyyaa deemuuf ka’anii

Ammallee wonti dhaaman
“Naa jabadhaa adaraa
Ijoolee gara- gara
Xumuraa wixinee too
Gabbachiisuu dirra koo.”

Tan akka gaafa somalee
Ta deebii’an hin taanee
Ardhas walitt dhufnee
Kanaaf, Goota yaadannee

Dhaamsa isanii keessaa
Ijoo dubbii guguddaa
Keessaa takka yaadadhaa

Maalii(?) wixineen isaanii
Falmaa hadhaa gabrummaa
Duubatti haftuu kolonummaa
Doofaa jaamsituu gabrummaa
Ta afaan nu duuchitee
Ijallee nu jaamsitee

San buqqisuuf turanii
Xumura osoo hin argiin
Lubbuu isaanii dhabanii
Qabsoollee usuu hin quufiin
Nu fuundura kufanii
Bilisummaa Oromootiif
Lubbuu isaanii dhabanii

Dirqama kochoo keennaa
Bakkaan ga’uuf dhaabbannaa
Faajii qabsoo isaanii
Uf fuundura dhaabbannaa

Kaaraa gabaaba garaa
Usuu hin deemiin Waaqoo
Dandeettii qaban hundaan
Qabsaa’aan saba tokkoof

Saba guddaa Oromoo
Wal barbaadaa yaa Qomoo
Qoomoo ilmaan saba tokkoo
Maaliif cal- jettan abboo?
Jabaan namarraa deemee
Lamuu namaa hin deebi’uu
Dhugama dubbachuu dhaaf
Kan akka Waaqoo Guutuu
Innuu lamuu hin dhalatuu!!!!

Hooggana jabaa horree
Yoon qabsaa’in ammarraa
Dandeettii wali fidne
Yoon Socho’in labbaarraa
Ni jajjabaattii dubbiin
Walittii buuti qalbiin

Akeekni Waaqoo guddaa
Tokkummaa Oromootii
Dolool’oon walii dhufttee

Bara laga guddaa taatii
Qaroooma haadaballuu
Bilisummaan yoos dhuftii

Diinni nu gabroomsellee
Ka beekutti irkifatee
Laafaa nutti guddifatee
Qalbii nutty horatee
Dachii nu buqqifate

Haarkii koree wal dhiqaa
Bar dubbiin kuni haqaa
Ta kale mitii ardhaa
Wal ijaara dammaqaa
Mana barmootaa dhaaqa
Iccitiin bilisummaa

Achi keessa karaanii
Dhugaa hadhooftu tana
Nuti yoon fudhatinii
Hin jiru qaxxaamurri
Ijibaadhu Haramii.

Kanaaf, walitti dhufnee
Maqaa isaanii kaafnaa
Seenaa isaanii qorraa
Daandii Abbaa- Biyyummaa
Gara kam irraa gorraa
Humnaa fi ogummaa hundaa
Jabaannee itti horraa
Xumurree itti sorraa!!!!

GAAFII GUDDOO JEN. WAAQOO GUUTUU, "ALAGAAN MAALIIN NU CAALEE QE'EE TEENATTI NU AJAA?"

Gurrandhala bultii 03, 2009
Yaadannoo waggaa 3ffaa boqata
Jen. Waaqoo Guutuu